# Hagayya 27 fi 28,2014 Yuuniversitiilee 9 Keessatti Gaaffiileen Mirga Bu'uuraa Barattoota Oromoon Ka'uun Hogganoota Wayyaanee Muddama Keessa Buusuun Beekame.

**Hagayya 28/2014**

Walgayiin barattootaa Yuniversitiilee 9 irratti qondaalota OPDO9n gaggeeffamaaa jiru barattooti Oromoo rakkoo uumata isaanii ifatti haasa'uuf sababa guddaa kan ta'eedha, akkasuma yaada bara dheeraa itti dhiphitan kaasuu irratti kan dirqaman ta'anii gaafachuus danda'anii jiru, gaaffii bal'aan ka'aa jiru, kan darbe dhaabaaf dhhiyaate irratti gaaffilee addaa ammas kanatti fufee kan jiruudha.

1. Sirna nafxanyaa yeroo godina Booranaa bulchaa ture keessatti aanaa Bulee Horaa Tuulaa Suraa naannoo jedhamu keessatti Oromoo nama 360 mana tokko keessatti gubanii turan,madda gabaasaa garagaraa irraa utuu hubatanni har'a sirna isaanii nurratti faarsitu, kun maalif ta'aa?
2. ABOn biyya keessa seenee akka mormitoota biroo seera qabeessaan maaliif hin dorgomu? Maaliif hin iyyamamuu? Mirga mormitoota biroodhaaf kennamee ABOdhaf maalif hin kennamin? Maalifis shororkeessaa jedhamee moggaafamee?
3. Barattootni mooraa Yuuniversitii Oromiyaatin ala jiru keessati mirgi isaani xuqamaa jira,keessattuu Yuuniverstii Gondar keessatti .mootummaan kana irrati maaliif xiyyeffannaa godhee hin ilaaluu? Mirgi barattoota Oromoo Yuuniversitii akkasii keessatti maalif hin kabachiisuu?
4. Ergee dimokiraasii dhugaa gaggeessina jettanii egaan uummanni Oromoo mirga Bilisummaa fi Walabummaa mataa isaa yoo labsachuu barbaade isiniin maaltu dhibee?
5. Afaan Oromoo afaan federaalaa tahuu irra maaltu isa dhorkaa? Afaan saba heddummataati,maalif afaan federaalaa hin tahuu?
6. Siidaan Aanolee fi Calanqoo ijaaramuun isaa tokkummaa uummata eegama jedhameetimoo? Yaadannoo gochoota habashaa darbaniitii? Achi keessa

mootummaan dhokatee uummata walitti buusaa jiraachuun isaa kuni amma mootummaa ofiin jedhee of waamaa?

7. Waa'ee milinik odeessuu qofa taatan yeroo hedduu,gocha fokkisaa isaa kaan odeessuu irra seenaa gaarii tokko hojjettanii odeessitan maal qaba?
8. Gaaffiin eenyummaa fi abbaa biyyummaa waan hudaa dursa,gaafii kanaaf utuu deebii hin kenning waa'ee guddin biyyaa odeessuun keessan maal faayidaa qabaa?
9. ABOdhaan akkamiin shororkeessaa jechuu dandeessanii? Keeyyanni 39 hojii irra haa oolu jedhee waan qabsaa'eefiidhaamoo?
10. Uummani Oromoo fayadama galii magaalaa Finfinnee irraa argataa jiraayii?
11. Manni maxxansaa biyya keenya keessa jira jedhamaa? Kan jiruyyuu balleessaa jirtu kun maalif ta'ee?
12. Mootummaan dhimma amantaa keessa hin seenu jettu. Dhimma amantaa isaaniif abbootin amantaa 17 hidhamanii jiru, Kanaaf isaan kanaan maal jechuu dandeenyaa? Mootummaan keessan kana irratti maal jedhaa?
13. Mee dhugaa jiru baruudhaaf miidhaa mootummaan uummata oromoo irratti ykns barattoota Oromoo irratti fidemoo miidhaa ABOn uummata isaa irratti fide hedduu ulfaata? ABOn uummata Oromoo fi barattoota irratti miidhaa gaggeesseera yoo jettan maalfaa godhe?
14. Mootummaan Wayyaanee qabeenyaa Oromiyaa irratti murtoo maalii qaba? Dhimma qabeenyaa oromoo kan ilaallatu yoo tahe dhaaba OPDO irraa kan hafe wayyaanee maaltu galchee?
15. Keeyyanni 39 uummata oromoo erga hin fayyanne maalifiyyuu toora keessa seenee taa'a? Haqamuu hin qabuu?
16. Namni miseensa dhaabbataa tokko keessa hin jirre biyyattii keessatti bilisummaa qaba jedhamaa? Nuti barattootni mirgaa fi bilisummaa waan hin qabneef
17. Jimmaa Yuuniversitii keessatti barruun uummata oromoo arrabsiisu barreeffamee maxxanfame, sababa sananin jeequmsi uumame barattoota oromootin isintu jeequmsa uume jedhamee hidhaanii fi reebichi irra gahe, kun mootummaa biratti akkamiin ilaalamaa? Uummata isaa miidhaa biyya bulchuu?
18. Itoophiyaan guddatteetti jedhama hamma ammaatti garuu gargaarsa biyya bakkee irraa eeggatti,gargaarsi jedhamee maqaan isaa ololamu kun maal irratti?

19. Lafti hin gurguramu, hin jijjiiramu jettu garuu liizii fi maqaa investimentiitin gurguraa jirtu kunoo? Eenyuun sobdu uummata keenya sobdumoo?
20. Finfinneen kan Oromooti, maalif gara Master Pilaanii naannowaa Finfinnee kana kaasuun barbaachisee? Akkamiin lafti Oromoo irraa fuudhamee federaala jala gala? Maaltu yaadameetii? Kan miidhamu uummata Oromooti.
21. Naannowaa Oromiyaa keessatti dhalattootni Oromoo 40,000nni mana hidhaa keessa jira jedhama, kanaa olis tahuu mala,kun diimokirasii maalitu jira jetturee?
22. Gaazixeessonni TVO fi raadiyoo Oromiyaa rakkoo uummataa odeessuu dhiisanii siyaasa mootummaa Wayyaanee uummata irratti lallabu, kan rakkoo uummataa dubbatan hojii irraa ariyamanii jiru, kun maaliif ta'e? rakkoon uummata oromoo maaliif miidiyaadhaan hin dubbatamu? Maaliif warri rakkoo uummataa ifatti baasanii haasa'an hidhaman? Ariyaman?
23. Irreechi maalif UNESCO irratti akka dubbatame hojiitti hin hiikamin hafe?
24. Rakkoo oromiyaa keessatti uumamee fi uumamaa jiruuf itti gaafatamni isaa eenyuudhaa?
25. Walgayiin waamamne kuni jalqaba waa'ee bulchiisa gaarii Yuuniversitiiwwanii fi rakkoowwan dhimma barumsaan wal qabate furuu irratti nu waamtan,isa dhiisuun keessan maaliif? Booda leenji kanaas maaltu jiraa?
26. Finfinnee keessatti manni barumsaa afaan Oromoo ni dhaabbata jedhamee labsamee ture, amma maal irra gahe?
27. Barattootni keenya rakkoo uummata isaatii ijaan argee aaruu irraan waan godhu dhabee daawwitii mana barumsaa caccabsuutti eegale,rakkoo sana furuu irras dabartanii barattoota hiitu,kan hidhame hidhamee ammoo gara barumsa kennuutti ceetu, rakkoo tokko utuu hin furin maaliif irra darbama? Walumaa galatti rakkooon uummata keenyaa maaliif hin hiikamuu? Gaaffiin guyyaa guyyaadhaan ka'u maaliif hin deebi'u?

Kanneen kana fakkaatan walfaana ammallee itti fufuun gaggeessitoota mootummaa Wayyaanee kana irratti dhiyaataa jiruudha, jibbaa fi aariidhaan guutamanii jiru, gabaasa gaaffiwwan akka kanaa barattoota irraa ka'aa jiraniin kan walitti deebinu ta'a.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Gadaan Gadaa Bilisummaati!

Hagayya 2014